





Qajeelfama Maatii

# Tajaajila Giddu-seentummaa dursaa Isteetii Washington

*Individuals with Disabilities Education Act (Seera Barnoota Qaama Miidhamoo, IDEA)*







Washington State Department of
CHILDREN, YOUTH & FAMILIES



Daa'imni keessan harkifannaa akka qabu yeroo bartan miira baay'ee qabaachuu dandeessu. Sodaan isinitti dhaga'amuu danda'a, waan dubbatame amanuu dhiisuu yookiin aariin illee isinitti dhaga'amuu danda'a. Kun miira hin baratamne miti, kophaa keessan miti. Warri kaanis muuxannoowwan yookiin miira kana qabu. Sagantaawwan guutuu kutaa biyyattii warra biroo kanneen akkasumas miira yookiin yaaddoo kana qaban waliin akka wal qunnamtu si gargaaruu danda'an jiru. Odeeffannoo dabalataa fi gargaarsa argachuuf lakkoofsa deeggarsa maatii duuba kitaaba kanaatti tarreeffaman bilbiluu dandeessu.

## Kabajamoo Maatiiwwan,

*Kitaaba xiqqaa kana yoo qabaattan, guddina daa'ima keessanii ilaalchisee yaaddoo qabaachuun keessan hin oolu yookiin daa'imni keessan guddinaan harkifachuu akka qabu isinitti himamuu hin oolu.*

*Yeroo intalli koo Suzi harkifannaa guddinaa isheef qorannoo keessa darbitu hammam akkan dhiphadhee fi burjaaja'e nan yaadadha. Jechoota ogeeyyiin itti fayyadaman hedduu naaf hin galle isa dhiisii akkaataa tajaajila itti argatan iyyuu naaf hingalle.*

*Tajaajila erga argannee booda, karaa barsiisotaa fi teraappiistota gargaaran hedduu, guddinni ishee dhuguma fooyya'e. Waggoota jalqabaa murteessoo ta'an sana keessatti gidduu-seentummaa dursaa isheen argatteen bakka isheen har'a jirtuuf baay'een galateeffadha. Akkasumas, warra kaan wajjin walitti dhufeenya qabaachuu fi odeeffannoo waliif qooduun maatii keenyaaf hunda caalaa barbaachisaa ture.*

*Kitaaba xiqqaa kana akka qajeelfama tajaajilaa fi fedhii maatii keessanii deeggarutti akka fayyadamtan abdiin qaba.*

***Cassie, maatii***

# Qabiyyeewwan

Seensa. . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . 2

Gidduu seentummaan dursaa maali? . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . 3

Waa'ee guddina daa'ima kootii gaaffii yoon qabaadhe hoo?. . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . 4

Washington keessatti eenyutu gidduu seentummaa dursaaf ulaagaa guuta? . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . 5

Itti aansee maaltu ta'a? . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . 6

Umurii waggaa 3 tti maaltu ta'a?. . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . 7

Individuals with Disabilities Education Act (Seera Barnoota Qaama Miidhamtootaa, IDEA) jalatti mirgoonni koo maali? (Eegumsa Hojimaataa). . . . . . . . 8

Murtoo waa'ee tajaajila daa'ima koo yookiin maatii koo irratti murtaa'e irratti yoo walii hin galle hoo? . . . . . . . 10

Gargaarsa yookiin odeeffannoo dabalataa argachuuf eessa dhaquun danda'a? . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . 11

Akkamittan caalaatti hirmaachuu danda'a? . . . . . . . . . . . . . . 12

Maal jechuudha? (Galmee Jechootaa). . . . . . . . . . . . . . . . . . . . .13

Galata . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . 14



# Seensa



*"Ilmi koo yeroo ji'a jaha guutu ammallee ol ka'ee hin taa'u ture. Tarii waan dogoggoraa hojjechaan jira jedheen yaade. Gara doktora keenyaa isa sagantaa gidduu seentummaa dursaa akkan wal qunnamsiisu na gargaaretti isa geesseera. Amma ilmi koo tajaajila dhuguma gargaaru argachaa jira. Inni guddina gaarii agarsiisaa jira, ani immoo waanan gochuu danda'u caalaatti barachaan jira. Ian akka ijoollee kaanii saffisaan waan tokko akka hin hojjenneef wanta dogoggoraa hojjechaa waanan tureef akka hin taane amman beeka."*

***Heather, maatii***

**Kaayyoon qajeelfama kanaa inni guddaan** sagantaa Early Support for Infants and Toddlers (Deeggarsa Jalqabaa Daa'immanii fi Ijoollee, ESIT) Washington State Department of Children, Youth, and Families (Muummee Daa'immanii, Dargaggootaa fi Maatii Isteetii Washington, DCYF) ilaalchisee isinii fi maatii keessaniif ilaalcha waliigalaa kennuudha. Hirmaannaan maatii keessanii sagantaa ESIT irratti filannoo keessan. Yoo daa'imni keessan sagantaa ESIT'f ulaagaa guutee argame, harkifannaa guddina daa'ima keessanii furuuf tajaajilli gidduu seentummaa dursaa daa'ima keessanii fi maatii keessaniif ni kennama.

Qajeelfamni kun akka warraatti tarreewwan mirgoota keessanii tokko tokko dabalatee waa'ee sagantaa ESIT guutuu kutaa biyyattii odeeffannoo waliigalaa fi barbaachisaa ta'e isiniif kenna. Ibsi guutuu fi bal'aan waa'ee eegumsa hojimaataa/ mirgoota maatii isinii fi maatii keessaniif jiru sanada addaa "Individuals with Disabilities Education Act (Seera Barnoota Qaama Miidhamtootaa, IDEA) Kutaa C Eegumsa Hojimaataa (Mirgoota Maatii)" jedhamu keessatti kennameera. Qajeelfama kana yeroo dubbiftan, family resources coordinator (qindeessaan qabeenya maatii, FRC) keessanii yookiin namni sagantaa ESIT irraa gaaffii waa'ee sagantichaa qabdan kamiyyuu deebisuu danda'a.

Guutummaa sanada kana keessatti jechootni hedduun kanneen gidduu seentummaa dursaaf beekamoo ta'an fayyadamaniiru. Waa'ee isaanii kamiyyuu gaaffii yoo qabaattan fi hiika yoo barbaaddan, galmee jechootaa argachuuf kitaaba xiqqaa kana fuula 13 ilaalaa.

## Early Support for Infants and Toddlers (Deeggarsa Jalqabaa Daa'immanii fi Ijoollee, ESIT) Isteetii Washington

Akka warraatti jireenya daa'ima keessanii keessatti isin namoota baay'ee barbaachisoo taatanidha. Daa'imoonni waggaa sadii jalqabaa keessatti dafanii guddachuun jijjiiramu. Daa'ima keessanii fi akkamitti guddachaa akka jiru yaadaa. Isin daa'ima keessan sirriitti beektu. Wantoota akka akkamitti fi yeroo daa'imni keessan kolfu, ka'ee taa'u, deemu, haasa'u yookiin xoofoo akka qabatu hubadhaa. Wanti isin argaa jirtan akka itti daa'imni keessan sadarkaa guddinaa garagaraa keessa darbuun guddatanii dha. Yeroo daa'imni guddina irratti boodatti harkifannaa qabaatu/ttu, guutummaa isteetichaa keessa tajaajiloonni ni jiru. Sagantaan Early Support for Infants and Toddlers (Deeggarsa Jalqabaa Daa'immanii fi Ijoollee, ESIT) Isteetii Washington maatiin tajaajila kana akka argatan gargaaruuf tattaaffii guutuu kutaa biyyattii keessatti taasifamu qindeessa.

# Gidduu seentummaan dursaa maali?

Tajaajilli gidduu seentumma dursaa tajaajila misoomaa, to'annoo ummataa jalatti, fi naannoo uumamaa keessatti kan kennamu dha. Isaanis fedhii guddinaa daa'imman yookiin ijoollee ulaagaa guutan guutuuf kan qophaa'anii fi warri daa'imni isaanii akka guddatuu fi akka baratu gargaaruuf kan qophaa'ani dha.

Gidduu seentummaan dursaa (waggoota jalqabaa jireenya daa'imaa) isin gargaaruun jijjiirama guddaa fiduu danda'a kunis:

- Tajaajila daa'ima keessaniif barbaaddan isinii arguun.
- Jijjiirama guddina daa'ima keessanii hubachuuf.
- Barumsaa fi guddina daa'ima keessanii fi hirmaannaa milkaa'aa sochii manaa fi hawaasaa irratti deeggaruun.

## Kaayyoon gidduu seentummaa dursaa maali?

Kaayyoon gidduu seentummaa dursaa carraa barumsaa guyyaa guyyaatiin guddina daa'imman harkifannaa guddinaa qabanii fi qaama miidhamtootaa guddisuuf qindoomina, deeggarsa, qabeenya, fi tajaajila kennuudhaan cimina maatii ijaaruudha.

Maatiin daa'ima isaanii kunuunsuu fi sochii maatii fi hawaasaa irratti akka hirmaatan dandeessisuudhaaf maatiin:

- Mirga isaanii ni beeku.
- Fedhii daa'ima isaanii sirriitti ni himu.
- Daa'imni isaanii akka guddatuu fi akka baratu gargaaru.

Ijoolleen qindaa'inootaa fi haalota adda addaa keessatti hirmaattoota sochii fi milkaa'oo akka ta'an gargaaruuf, ijoolleen fooyya'iinsa ni agarsiisu:

- Dandeettii hawaasummaa-miiraa fi hariiroo hawaasummaa qajeelaa.
- Afaanii fi qunnamtii dabalatee beekumsaa fi dandeettii horachuu fi itti fayyadamuu.
- Fedhii isaanii guutuuf amala sirrii ta'etti fayyadamuu.



## Individuals with Disabilities Education Act (Seerri Barnoota Qaama Miidhamtootaa, IDEA) maali?

Bara 1986 Kongireesiin seera amma Individuals with Disabilities Education Act (Seera Barnoota Qaama Miidhamtootaa, IDEA) jedhamuun beekamu fooyyessee, sagantaa bulchiinsa naannoolee sirna tajaajila gidduu seentummaa dursaa daa'imman xixiqqoo qaama miidhamtootaa fi maatii isaaniif kennamu akka qopheessanii fi hojiirra oolchan jajjabeessuuf sagantaa uume. Seerri kun maatii daa'immanii fi ijoollee qaama miidhamtootaaf tajaajila kennuu keessatti ulaagaalee naannoleen hordofuu qaban qopheesse. Tokkoon tokkoo kutaa biyyaa akkaataa IDEAn ibsametti tajaajila gidduu seentummaa dursaa kennuu itti fufuu danda'uu isaa waggaa waggaan murteessa. Sagantaan Department of Children, Youth, and Families (Meemmee Daa'immanii, Dargaggootaa fi Maatii, DCYF) Early Support for Infants and Toddlers (Deeggarsa Jalqabaa Daa'immanii fi Ijoollee, ESIT) qindoomina sirna tajaajila giddu-seentummaa dursaa guutuu kutaa biyyattii qajeelcha.

Tajaajilli gidduu seentummaa dursaa fedhii guddinaa daa'ima ulaagaa guutu fi fedhii maatii guddina daa'imaa guddisuu wajjin walqabatee jiru guutuuf kan qophaa'edha.

Hiiktuu afaan mallattoo yoo barbaaddan, tokko isiniif dhiyaachuuuu qaba. Yoo Afaan Ingiliffaa hin beekne ta'e, afaan hiikaa siif qophaa'uu qaba, yoo ifatti akkas gochuun hin danda'amne ta'e malee.

# Waa'ee guddina daa'ima kootii gaaffii yoon qabaadhe hoo?

Family resources coordinator (qindeessaan qabeenya maatii, FRC) keessanii naannoo keessan jirutti bilbilaa. FRC n tokkoon tokkoo kaawuntii yookiin naannoo teessuma lafaa keessa jira. Gaheen isaanii maatiin keessan tajaajila gidduu seentummaa dursaa daa'imni keessan barbaaduu danda'u akka argatan gargaaruudha. Maqaa FRC hogganaa naannoo keessanii baruuf, lakkoofsa Family Health Hotline (Sarara Ho'aa Fayyaa Maatii) 1-800-322-2588 irratti bilbilaa. Qajeelcha fayyaa naannoo keessanii yookaan aanaa mana barnootaa keessaniifis bilbiluu dandeessu.

Waa'ee yaaddoowwan keessanii dhiyeessaa kunuunsa (yaala) fayyaa keessanii wajjin haasa'aa. Inni yookiin ishiin sakata'insa dhiyeessuu yookiin qabeenya biroo yaada kennuu danda'u. Yoo hakiima hin qabnee fi odeeffannoo dabalataa yookiin gargaarsa barbaadde, lakkoofsa Family Health Hotline (Sarara Ho'aa Fayyaa Maatii) armaan olitti tarreeffame irratti bilbilaa. Tajaajila gidduu seentummaa dursaa argachuuf rifaralaa hakiimaa isin hin barbaachisu. Akka warraatti of waamuu dandeessu.

## Sakatta'insa jechuun maali?

Sakatta'iinsi akkaataa daa'imni keessan barachaa fi guddachaa jiru saffisaan ilaaluudha. Sakatta'iinsi namoota akkaataa daa'imni keessan guddachaa jiru adda baasuuf leenji'aniin raawwatama. Guddinni daa'ima keessanii yaaddoo yoo ta'e, FRC n keessan akkaataa madaallii daa'ima keessaniif itti argatan irratti odeeffannoo qooduu danda'a.



## Madaalliin maali?

Madaalliin guddina daa'ima keessanii gadi fageenyaan ni dhiyeessa. Madaalliin kun si, daa'ima kee fi ogeessota gidduu seentummaa dursaa wajjin raawwatama.

Madaalliin naannoowwan guddinaa kana ilaala:

- Hubannoo – dandeettii barachuu fi akkaataa daa'imni keessan itti baratu
- Qaama – dandeettii socho'uu, arguu fi dhaga'uu
- Qunnamtii – dandeettii afaan hubachuu fi fedhii ibsuu
- Hawaasummaa yookiin miiraa – dandeettii namoota biroo wajjin walitti dhufeenya uumuu
- Dandeettii madaquu – dandeettii uffannaa, nyaachuu fi of kunuunsuu.

Madaalliin karaa daa'imni keessan tajaajila gidduu seentummaa dursaa argachuuf ulaagaa guutuu qabaachuu isaa itti ilaaltaniidha. Madaalliin hayyama barreeffamaa keessaniin qofa kan raawwatamu yoo ta'u, baasii tokko malee isiniif ta'a.

## Gorsa karoora madaallii:

- family resources coordinator (qindeessaan qabeenya maatii, FRC) keessanii gargaarsa gaafadhaa.
- Gaaffii yookiin yaaddoo guddina daa'ima keessanii ilaalchisee qabdan kamiyyuu fidaa.
- Odeeffannoo barbaachisaa dha jettanii yaaddan hunda qoodaa: galmee yaalaa, kitaaba daa'imaa, chaartii guddinaa yookiin gabaasa biroo.
- Sa'aatii yookiin bakkeewwan kamtu isiinifii maatii keessaniif akka mijatu murteessaa.
- Yoo barbaaddan miseensota maatii biroo, hiriyyaa yookiin nama deeggarsaa afeeraa.
- Hiiktoota yookiin gargaarsa biroo yoo barbaaddan FRC keessan beeksisaa.

Madaalliin booda, isinii fi miseensonni garee biroo waa'ee waan daa'imni keessan hojjechaa jiru ni dubbattu, yaaddoo kamiyyuu adda ni baaftu. Yoo bakkeewwan harkifannaa jiraatan, daa'imni keessan tajaajila gidduu seentummaa dursaa argachuuf ulaagaa guutuu danda'a. Tajaajila kana argachuu fi argachuu dhiisuu filannoo qabdu.

# Washington keessatti eenyutu gidduu seentummaa dursaaf ulaagaa guuta?

Daa'imni tokko ulaagaa guutuuf harkifannaa dhibbeentaa 25 qabaachuu qaba yookiin naannoo guddinaa tokko yookiin isaa ol keessatti istaandaardii 1.5 umurii isaa gadi agarsiisuu qaba. Daa'imni tokko haala qaamaa yookiin sammuu kan akka Daawuun Siindiroomii guddina isaa harkifannaa akka fidu kan beekamu yoo qabaates ulaagaa guutuu danda'a.

## Madaalliin maali?

Madaalliin odeeffannoo walitti qabame isin irraa, namoota biroo daa'ima keessan beekan irraa, fi hojimaata dhiyeessitoonni gidduu seentummaa dursaa amala fi guddina daa'ima keessanii hojiiwwan idilee fi sochiiwwan idilee hedduu keessatti hubachuuf itti fayyadamuu danda'an irraati. Madaalliin akkaataa daa'imni keessan ogummaawwan haaraa itti baratu, akkaataa inni namoota biroo wajjin walitti dhufeenya qabuu fi maal akka jaallatu akkasumas waan isa mufachiisu yookiin qormaata ta'ee itti mul'atu ilaala. Odeeffannoon madaallii isiniifi gareen keessan bu'aa (jijjiirama) akkamii irratti hojjechuu akka barbaadduu fi tajaajiloota fi deeggarsa bu'aawwan sana galmaan ga'uuf gargaaruu danda'an murteessuuf gargaara.

Madaalliin tokkos hojimaata itti fufiinsa qabuun guddina daa'imni keessan gara bu'aa galmaan ga'uuf qabu murteessuu fi tajaajilli fi deeggarsi isin argachaa jirtan daa'imni keessan guddina akka argatu gargaaraa jiraachuu isaa mirkaneessuuf itti fayyadaman ni dabalata.



# Itti aansee maaltu ta'a?

## Individualized Family Service Plan (Karoora Tajaajila Maatii Dhuunfaa, IFSP)

Yoo ulaagaa guute, daa'imni keessan tajaajila gidduu seentummaa dursaa IDEA argachuu danda'a. Family resources coordinator (Qindeessaa qabeenya maatii, FRC) keessanii fi tajaajila kennitoota biroo waliin walgahii ni qabaattu. Maatiin keessan, namoota biroo wajjin, karoora ni barreessu, Individualized Family Service Plan (Karoora Tajaajila Maatii Dhuunfaa, IFSP) jedhama. Karoorri sun yaaddoo, fedhii fi gatii maatii keessanii akka calaqqisu mirkaneessuuf FRC keessan waliin hojjedhaa.

Tajaajiloonni kan jalqaban yeroo IFSP irratti walii galtee fi tajaajilootaaf hayyama kennitan.

IFSP adeemsa itti fufiinsa qabuu fi fedhii jijjiiramaa daa'ima keessanii fi maatii keessanii guutuudha. Yoo xiqqaate ji'a jaha jahaan gamaaggamamee waggaa waggaan irra deebi'amee barreeffama.



IFSP kanneen armaan gadii of keessatti qabata:

- **Sadarkaa hojii ammaa** – waan daa'imni keessan amma hojjechaa jiru.
- **Ibsa maatii** – ibsa yaaddoo, dursa kennuu fi qabeenya maatii keessanii; ibsi maatii keessanii kutaa barbaachisaa IFSP ti, garuu qabaachuu dhiisuu filachuu dandeessu.
- **Bu'aa** – jijjiirama daa'ima keessanii fi maatii keessaniif arguu barbaaddan.
- **Tajaajilli gidduu seensaa dafanii barbaachisa** – yeroo meeqa fi yeroo hammamii, eessatti akka ta'u, fi eenyu akka kaffalu (maddoonni adda addaa hedduun tajaajila gidduu seentummaa dursaai maallaqaan deeggaru). Sagantaa giddu-seentummaa dursaa irratti hirmaachaa yoo ta'e tajaajila isiniif kennamu kamiyyuu fudhachuu yookiin diduu ni dandeessu (qindoomina qabeenya maatii irraa kan hafe).
- **Naannoowwan uumamaa** – ibsa naannoowwan uumamaa tajaajilli gidduu seensaa dafanii itti kennamu. IFSPn tajaajilli naannoo uumamaa keessatti yoo hin kennamu ta'e sababa isaa barreeffamaan of keessatti qabachuu qabu.
- **Tarree yeroo** – tajaajilli yoom akka jalqabu fi xumuramu, akkasumas yoom karoora keessan irra deebitanii akka ilaaltan.
- **Tajaajiloota biroo barbaachisan kanneen IDEA jalatti maallaqaan hin deeggaramne** – eenyutu tajaajiloota kana argachuuf isin gargaaruu danda'a.
- **A family resources coordinator (Qindeessaa qabeenya maatii, FRC)** – karoora keessan keessatti maqaa dha'ame.
- **Karoora ce'umsaa umurii 3 dura** – daa'imni keessan waggaa 3 erga guutee booda tajaajila barbaaduu fi karoorfachuu.

Miseensota maatii biroo, hiriyyaa yookiin nama deggersa walga'ii sanatti afeeruu barbaaddu ta'a. Waa'ee mucaa keessanii odeeffannoo barbaachisaa ta'ee isinitti dhaga'amu kamiyyuu fidaa.

# Umurii waggaa 3 tti maaltu ta'a?

Yoo xiqqaate ji'a jahaa hanga sagaliitti daa'imni keessan waggaa 3 osoo hin guutin dura, family resources coordinator (qindeessaan qabeenya maatii, FRC) keessanii gara dhaabbata tajaajila itti aanutti yookiin ejensiin daa'ima keessan tajaajilutti ce'uuf karoorfachuuf isin gargaara. Kunis tajaajilli eessatti fi akkamitti akka kennamu jijjiiruu danda'a. Giddu-seentummaa dursaa keessatti jijjiiramni kun ce'umsa jedhama. IDEA ce'umsa kanaaf karoora barreeffamaa barbaada. Walga'iin karoora ce'umsaa daa'imni keessan waggaa 3 osoo hin guutin yoo xiqqaate guyyoota 90 dura ta'uu qaba. Karoorri ce'umsaa keessan barnoota addaa yookiin tajaajila hawaasa irratti hundaa'e daa'imni keessan barbaaduu danda'u adda baasee ni ibsa.

FRC n keessan unka hayyamaa akka mallatteessitan isin gaafata, kanaaf ejensii yookiin tajaajila kennituu itti aanu qunnamuun ce'umsaaf karoorfachuu ni danda'ama. Walga'iin isin, FRC keessan, tajaajila kennituu(wwan), fi kutaa mana barumsaa naannoo keessan gidduutti ni qophaa'a.

Kutaan mana barumsaa daa'imni keessan tajaajila barnoota addaa mana barumsaa duraa argachuuf ulaagaa guutuu qabaachuu isaa murteessa. Bu'aa qorannoo isaanii irratti isin waliin mari'achuun waa'ee mirga keessanii odeeffannoo isiniif kennu. Yoo daa'imni keessan ulaagaa guute, tajaajilli isaanii karaa Sagantaa Barnoota Dhuunfaa (IEP) ni kennama.

FRCn keessan yoo daa'imni keessan tajaajila barnoota addaa mana barumsaa duraa argachuuf ulaagaa hin guunne gara tajaajila biroo ta'uu danda'utti ce'uuf karoorfachuuf isin gargaara.

### Gorsa walga'ii ce'umsaa:

- Jijjiirama yaadame ilaalchisee odeeffannoo hamma danda'ame walitti qabaa.
- Waa'ee filannoowwan sagantaa yookiin filannoowwan ta'uu danda'an gaafadhaa.
- Sagantaan haaraan kun maatiidhaaf leenjii fi deeggarsa akkamii akka kennu gaafadhu.
- Jijjiirama dura sagantaa haaraa daawwadhaa.
- Meeshaalee barreeffamaa gaafachuu fi hojimaata sagantaa haaraa kana seenuu fi hirmaachuu barachuu.
- Waa'ee mucaa keessanii hanga danda'ametti odeeffannoo baay'ee sagantaa haaraa kanaaf kennaa.



# Individuals with Disabilities Education Act (Seera Barnoota Qaama Miidhamtootaa, IDEA) jalatti mirgoonni koo maali?

*(Eegumsa Hojimaataa)*

Seerotni baay'een isaanii mirga lammiilee kan hammatan yoo ta'u IDEAn kanarraa adda miti. Family resources coordinator (Qindeessaan qabeenya maatii, FRC) keessanii "Individuals with Disabilities Education Act (Seera Barnoota Qaama Miidhamtootaa, IDEA) Kutaa C Eegumsa Hojimaataa (Mirga Warra)" kan mirga keessan ibsu isiniif kenna.

## Fakkeenyonni mirgoota keessanii IDEA jalatti qabdan mirgoota kanneen gadii hammata:

- Mucaa keessaniif murtoo jalqabaa fi isa dhumaa ta'a.
- Tajaajila qaqqabummaa kanneen akka:
  - Yaaddoowwan dursanii adda baasuu/Daa'ima Beekuu
  - Madaallii fi calallii ogummaa hedduu yeroo isaa eeggate
  - Ulaagaa daa'ima keessanii murteessuu
  - Qindeessaa/qindeessa Qabeenya Maatii

## Yoo daa'imni keessan ulaagaa guute, mirga:

- Individualized Family Service Plan (Karoora Tajaajila Maatii Dhuunfaa, IFSP).
- Qindoomina qabeenya maatii itti fufiinsa qabu FRC waliin, hanga guyyaa dhaloota daa'ima keessanii isa sadaffaatti.
- family resources coordinator (qindeessaan qabeenya maatii, FRC) keessanii adda ta'e gaafadhaa.
- Tajaajila gidduu seentummaa dursaa guddina daa'ima keessanii wajjin walqabatu argadhaa.
- Tajaajila daa'imni fi maatiin keessan adeemsa IFSP tiin akka murtaa'etti argatan fudhachuu yookiin diduu.
- Tajaajiloota garee IFSPn gorfaman tokko tokko diduu fi ammas tajaajila biroo argachuu (tajaajila FRC irraa kan hafe).
- Walga'ii tajaajila giddu-sentummaa dursaa daa'ima keessanii fi jijjiirama kenniinsa tajaajilaa ilaallatan hunda irratti hirmaadhaa.
- Walga'iin yeroo fi bakka maatiin keessan itti toletti godhaa.
- Beeksisa fi sanadoota IFSP afaan dhalootaa keessaniin yookiin akkaataa qunnamtii mana keessan keessatti itti fayyadamaniin fudhadhaa.





## Akkasumas galmee gidduu seentummaa dursaa daa'ima keessanii ilaalchisee eegumsa ni qabdu. Kunis mirga keessan gadii hammata:

- Galmeewwan ilaaluu fi galmeewwan irratti fooyya'iinsa gaafachuu.
- Koppii galmeewwanii fudhachuu.
- Gosootaafi bakka galmeewwan saganticha keessatti walitti qabaman, kunuunfaman yookiin itti fayyadaman, saganticha keessatti eenyu akka galmeewwan sana argachuu danda'uu fi galmeewwan sana yoom akka argan beeksisuu.
- Galmeewwan yookiin waraabbii galmeewwan eenyu akka arge odeeffannoo gaafachuu.
- Odeeffannoo galmee sirrii miti yookiin dogoggorsa yookiin iccitii yookiin mirga daa'ima keessanii yookiin maatii keessanii sarbu jettee amantu mormuu. Galmeen gidduu seentummaa dursaa daa'ima keessanii wantoota armaan gadii hammata:
  - Gabaasa Sakatta'insaa
  - Gabaasa madaallii
  - Odeeffannoo calallii
  - Murtee ulaagaa guutuu
  - Odeeffannoo qaama IFSP ta'e hunda

## Odeeffannoon waa'ee maatii keessanii iccitiidha. Kanneen armaan gadii gochuuf mirga qabdu:

- Iccitii odeeffannoo dhuunfaa fi adda baafamuu danda'u kanneen akka:
  - Maqaa mucaa keessanii, ofii keessanii yookiin miseensota maatii biroo.
  - Teessoo mucaa keessanii.
  - Amaloota dhuunfaa yookiin odeeffannoo biroo daa'ima keessan mirkanaa'ummaa madaalawaa ta'een adda baasuuf kan dandeessisu kamiyyuu.
- Iccitiin akkamitti akka eegamu ilaalchisee imaammataa fi hojimaata naannoo gaafachuu.
- Odeeffannoo yookiin galmee waljijjiiruuf yookiin qooduuf hayyama barreeffamaa beekumsa qabu kennuu.

Mirga warraa/maatii malees, ijoolleen mirga warra bakka bu'aa argachuuf kan qaban yoo ta'e:

- Warri kamiyyuu adda baafamuu hin danda'u.
- Dhaabbanni tajaajilaa/ ejensiin mootummaa, carraaqqii madaalawaa erga godhee booda, eessa akka warri tokko jiru baruu hin danda'u.
- Daa'imni kun kutaa mootummaati.



# Murtoo waa'ee tajaajila daa'ima koo yookiin maatii koo irratti murtaa'e irratti yoo walii hin galle hoo?

Maaloo waa'ee rakkoo kanaa family resources coordinator (qindeessaa qabeenya maatii, FRC) keessanii waliin haasa'aa. Yoo sun hin hojjenne yookiin isinitti hin tolle ta'e, filannoowwan armaan gadii keessaa tokko yookiin hunda fayyadamuu filachuu dandeessu:

- **Jaarsummaa** – Jaarsummaan waldhabdee furuuf gargaaruuf baasii tokko malee isiniif kennama. Jaarsummaan akka filannoo dhaddacha bulchiinsaa idilee ta'etti dhiyaata. Jaarsummaan adeemsa tola ooltummaati.
- **Tajaajila abukaatummaa** – Kun sagantaalee odeeffannoo isiniif kennan fi akkaataa rakkinicha itti furtan karoorfachuuf isin gargaaranidha. Dhaabbanni abukaatummaa tokko PAVE dha (fuula 11 ilaali). FRCn keessan waa'ee tajaajila abukaatummaa naannoo keessanii odeeffannoo isiniif kennuu danda'a.
- **Dhaddacha Adeemsa Sirrii (adeemsa)** – Kun dhaddacha yookiin adeemsa sirnaa itti gaafatamaa dhaddacha bulchiinsaatiin gaggeeffamudha. Gaaffiin dhaddacha bulchiinsaa barreeffamaan ta'uu fi komii kan hammate ta'uu qaba. Gaaffii kana daayreektaraa dhiyeessaa tajaajila gidduu seentummaa dursaa yookiin kontiraaktara tajaajila gidduu seentummaadursaa naannoo keessaniitti ergaa. FRCn keessan maqaa fi teessoo isaanii isiniif kennuu danda'a yookiin **esit@dcyf.wa.gov** irratti iimeelii gochuun gargaarsa gaafachuu dandeessu.

Warri, namni biraa yookiin dhaabbati kamiyyuu ejensiin yookiin dhiyeessaan tajaajila gidduu seentummaa dursaa ulaagaa seeraa cabsaa jira jedhanii yoo yaadan komii bulchiinsaa dhiyeessu ni danda'u. Himannaan barreeffamee, mallattaa'ee fi dhugaawwan waa'ee himannichaa of keessatti hammachuu qaba.

Iyyannoo kana gara:

**Early Support for Infants and Toddlers (Deeggarsa Jalqabaa Daa'immanii fi Ijoollee)**
**Department of Children, Youth, and Families (Muummee Daa'immanii, Dargaggoota, fi Maatii)**
PO Box 40970
Olympia, WA 98504-0970

Himannaan kun guyyoota 60 keessatti gamaaggamamee deebii ni barreeffama.



# Gargaarsa yookiin odeeffannoo dabalataa argachuuf eessa dhaquun danda'a?

Dhaabbileen fi gareewwan armaan gadii odeeffannoo dabalataa, gargaarsaa fi deeggarsa kennuu ni danda'u:

**Family Health Hotline (Sarara Ho'aa Fayyaa Maatii)**
1-800-322-2588
**www.withinreachwa.org**
Sararri bilbilaa kun Family Resources Coordinators (Qindeessitoota Qabeenya Maatii, FRC) dabalatee qabeenya mootummaa fi dhuunfaa gidduu seentummaa dursaa odeeffannoo yeroo ammaa ni dhiyeessa. Akkasumas odeeffannoo waa'ee talaallii, sooratаa fi tajaajila fayyaa daa'immanii biroo Washington keessatti argaman of keessatti qabata.

---

**Department of Children, Youth, and Families (Muummee Daa'immanii, Dargaggootaa fi Maatii, DCYF) Sagantaa Early Support for Infants and Toddlers (Deeggarsa Jalqabaa Daa'immanii fi Ijoollee, ESIT)**
Imeelii: **esit@dcyf.wa.gov**
**www.dcyf.wa.gov**
Sirna IDEA guutuu kutaa biyyattii, tajaajila gidduu seentummaa dursaa kutaa C ni qajeelcha.

---

**Maatii gar Maatiitti**
1-800-821-5927
**www.arcwa.org**
Neetworkiin warraa guutuu bulchiinsa naannoo warra ijoollee qaama miidhamtoota yookiin harkifannaa guddinaa qabaniif deeggarsa miiraa fi odeeffannoo kennu.

**Neetwork Abboota Isteetii Washington**
425-747-4004 ext. 218
**https://fathersnetwork.org**
Dhiirotaa fi maatii ijoollee fedhii addaa qaban hundaaf ni falma, akkasumas deeggarsa fi qabeenya ni kenna.

---

**Washington PAVE (Partnerships for Action, Voices for Empowerment (Tumsa Hojiif, Sagaleewwan Angoomsuuf))**
1-800-5PARENT
**wapave.org**
Giddugala leenjii fi odeeffannoo warraa guutuu bulchiinsaatti maatii daa'imman qaama miidhamtoota umuriin isaanii dhalootaa hanga ga'eessotaatti qabaniif gargaarsa kennu.



# Akkamittan caalaatti hirmaachuu danda'a?

Sagantaa fi tajaajila daa'ima keessaniif karoorsuu fi qopheessuu keessatti gahee guddaa qabdu. Akkasumas akkaataa hawaasni keessan tajaajila itti kennu karoorsuu keessatti qooda fudhachuu dandeessu.

Karoorri kun sadarkaa koonyaatti karaa County Interagency Coordinating Councils (Mana Maree Qindeessaa Ejensii Gidduu Kaawuntii, CICC) tiin raawwatama. Tokkoon tokkoo CICC maatii akka miseensa mana mareetti qabaachuun dirqama. Maatiin miseensota biroo hunda waliin ta'uun akkamitti tajaajilli akka gaariitti ta'uu akka danda'u murteessuuf gargaaru. Walga'iin CICC ummataaf banaadha.

Akkasumas State Interagency Coordinating Council (Manni Maree Qindeessaa Ejensii Gidduu Naannoo, SICC) jira. Manni Maree kun bakka bu'ummaa maatiis qabaachuu qaba. Walga'iin SICC ummataaf banaadha. Odeeffannoo dabalataa waa'ee yeroo fi bakka walgahii family resources coordinator (qindeessaan qabeenya maatii) keessanii, ESIT qunnamaa, yookiin marsariitii **www.dcyf.wa.gov** daawwadhaa.

Kitaabni xiqqaan kun gudunfaa sagantaa Early Support for Infants and Toddlers (Deeggarsa Jalqabaa Daa'immanii fi Ijoollee) Isteetii Washington ti. Karoora Washington IDEA jalatti mirkanaa'e irratti bal'ina guutuuf yookiin waa'ee CICC yookiin SICC keessanii odeeffannoo dabalataa argachuuf, sagantaa Early Support for Infants and Toddlers (Deeggarsa Jalqabaa Daa'immanii fi Ijoollee) Isteetii Washington **esit@dcyf.wa.gov** qunnamaa.

**www.dcyf.wa.gov**



# Maal jechuudha? (Galmee Jechootaa)

### Bakka Bu'aa Maatii
Adeemsa murtii kennuu keessatti mirga daa'ima tokkoo eeguu keessatti bakka Maatii yookiin guddiftuu seeraa akka hojjetu dhaabbata naannoo yookiin mootummaatiin muudame.

### Bu'aa argamsiisu
Ibsa jijjiirama sababa tajaajila gidduu seentummaa dursaa daa'ima keessan yookiin maatii keessan keessatti arguu barbaaddan. Ibsitoonni kun qaama IFSP keessaniiti.

### Calallii
Hojimaata itti fufiinsa qabu ogeeyyiin gahumsa qaban muuxannoo gidduu seentummaa dursaa daa'ima tokkoo keessatti fedhii addaa isaa adda baasuuf itti fayyadaman; qabeenya maatii, dursa kennuu fi yaaddoo guddina isaa waliin walqabatu; akkasumas maalummaa fi bal'ina tajaajila gidduu seensaa dafanii fedhiiwwan kana guutuuf barbaachisan.

### Daa'immanii fi Ijoollee Qaama Miidhamtoota
Daa'imman dhalootaa hanga 3 tti kanneen tajaajila gidduu seentummaa dursaa argachuuf ulaagaa guutan sababni isaas istaandaardii 1.5 yookiin yoo xiqqaate harkifannaa guddinaa dhibbeentaa 25 naannoowwan armaan gadii keessaa tokko yookiin isaa ol irratti waan isaan mudateef: hubannoo, qaamaa, qunnamtii, hawaasummaa/miiraa yookiin madaquu; yookiin haala qaamaa yookiin sammuu adda baafamee fi carraan guddina isaa harkifannaa guddaa fiduu danda'u qaba.

### Daa'imni kan barbaadu
Dafanii adda baasuu, sakatta'uu, rifaralaa fi qindoomina tajaajila jalqabaa kan hammatudha.

### Dhaddacha Bulchiinsaa
Adeemsa idilee nama walabaa, qondaala dhaddachaa, ragaa fi falmii warra/maatii fi ejensiiwwan dhaggeeffatee eenyu sirrii akka ta'ee fi eenyu maal gochuu akka qabu murteessu.

### Gidduu-seentummaa dursaa
Kuusaa tajaajila dhaabbilee mootummaa fi dhuunfaatiin kennamanii fi daa'imman fi maatii ulaagaa guutan daa'imni tokko dhalatee hanga umurii 3 tti guddinaa fi jijjiirama isaa guddisuu keessatti akka deeggaru seeraan qophaa'e.

### Ibsa Maatii
Ibsa maatiin qajeelfamee yaaddoo maatii, dursa kennuu fi qabeenya Individualized Family Service Plan (Karoora Tajaajila Maatii Dhuunfaa, IFSP) keessatti hammatame.

### Individualized Family Service Plan (Karoora Tajaajila Maatii Dhuunfaa, IFSP)
Karoora barreeffamaa daa'immanii fi maatii ulaagaa guutaniif gidduu seentummaa dursaa fi tajaajila biroo kennuu kan: (1) maatii fi ogeessota dhimmi ilaallatuun waliin kan qophaa'e yoo ta'e; (2) madaallii fi calallii ogummaa hedduu daa'imaa fi maatii irratti kan hundaa'e yoo ta'e; (3) maatiin yoo barbaade ibsa qabeenya, dursa kennuu fi yaaddoo maatiin qajeelfamee qaba; fi (4) tajaajila guddina daa'imaa fi dandeettii maatiin fedhii guddina isaa guutuuf qabu guddisuuf barbaachisan ni dabalata.

### Jaarsummaa
Adeemsa al-seerummaa namni leenji'ee fi loogii hin qabne qaamolee waldhabdee keessa jiran garaagarummaa isaanii furuuf gargaaruu fi furmaata gama hundaaf quubsaa ta'e argachuuf gargaaruu danda'u.

### Karoora Ce'umsaa
Karoorri daa'ima keessaniif kan qophaa'e yeroo umurii 3 tti tajaajila gidduu seentummaa dursaa dhiisu.

### Kunuunsa Maatii Giddugaleessa godhate
Qajeelfama warra akka murteessitootaatti guddisu fi walta'iinsa warraa/ogummaa ijaaru.

### Madaallii
Hojimaata ogeeyyiin gahumsa qaban ulaagaa daa'ima tokkoo jalqabaa fi itti fufiinsa qabu murteessuuf itti fayyadaman, kanneen haala daa'imaa yookiin ijoollee naannoo guddinaa hunda keessatti murteessuu irratti xiyyeeffatan; hubannoo, hawaasummaa/miira, qaamaa (mul'ataa fi dhageettii dabalatee), qunnamtii fi madaqsuu.

### Meeshaalee Teeknooloojii Gargaarsaa
Wantoota hunda, meeshaa yookiin sirna oomishaa dandeettii daa'ima keessanii wantoota hojjechuu guddisuuf, kunuunsuuf ykn fooyyessuuf itti fayyadamnu kamiyyuu (fakkeenyaaf; nyaachuu, waliin haasa'uu, socho'uu).

### Naannoowwan Uumamaa
Haala uumamaa yookiin idilee ta'e hiriyoota umurii daa'imaa kanneen qaama miidhamummaa hin qabneef. Kunis bakka manaa, naannoo yookiin hawaasaa dabalatee ta'uu danda'a.

### Ogummaa hedduu kan qabu
Hojii madaallii fi Calalii dabalatee tajaajila walitti hidhame fi qindoomina qabu kennuu keessatti dameewwan yookiin ogummaawwan lamaa fi isaa ol hirmaachuu, fi guddina IFSP.

### Sakatta'iinsa
Tarree sakatta'iinsa ariifataa yookiin qorannoo waa'ee guddina daa'ima keessanii madaallii dabalataa barbaachisaa ta'uu isaa ilaaluuf.

### Tajaajiloota Teeknooloojii Gargaarsaa
Tajaajila daa'imni qaama miidhamtuu meeshaa teeknooloojii gargaaraa akka filatu, akka argatu yookiin akka fayyadamu kallattiin gargaaru.

# Galata

Gareen Hojii Qajeelfama Maatii, koreen State Interagency Coordinating Council (Mana Maree Qindeessaa Ejensii Gidduu Naannoo, SICC) kitaaba xiqqaa kana qopheesse.

Kaayyoon isaas warri daa'immanii fi daa'imman qaama miidhamtoota ta'an tajaajila gidduu seensaa dafanii Individuals with Disabilities Education Act (Seera Barnoota Qaama Miidhamtootaa, IDEA) jalatti akka hubatan gargaaruudha.



Miseensonni koree sa'aatii qajeelfama kana qopheessuu keessatti dabarsaniif galata guddaa qabna:

**Donna White, Dura teessuu**

Department of Health (Muummee Fayyaa,)
Fayyaa Haadholii fi Daa'immanii

**Catherine Davis**

Us–Qwed–Eeth, Pirojektii Dhaloota
Gosa Jahaa Puyallup

**Heather Hebdon**

Pirojektii Specialized Training of Military Parents (Leenjii Addaa Warra Waraanaa, STOMP)

**Kathy Hormann**

Giddugala Guddina Daa'immanii, Sumner

**Cassie Johnston**

Washington PAVE,
Qindeessaa Hirmaannaa Maatii

**Lynne Leeper**

Washington PAVE, Pirojektii Leenjii Maatii

**Melanie Stafford**

Us–Qwed–Eeth, Pirojektii Dhaloota
Gosa Jahaa Puyallup

**Kathy Blodgett, Hojjetaa**

Department of Social and Health Services (Muummee Tajaajila Hawaasummaa fi Fayyaa), Sagantaa Giddu-seentummaa dursaa Daa'imman Xixiqqoo Isteetii Washington duraanii

**Barbie Faubion, Hojjetaa**

Department of Social and Health Services (Muummee Tajaajila Hawaasummaa fi Fayyaa), Sagantaa Giddu-seentummaa dursaa Daa'imman Xixiqqoo Isteetii Washington duraanii

---

Warra fi ogeessota biroo yaada isaanii nuuf qoodan kanneen akka:

**Rita Dickey, Linda Gil, Terri Larson, Kathy Lollar, Julie Martino, Kathie Moudy, Joni Strong, Diana Sandoval fi Debbie Yanak.**

Galata addaa kutaalee biyyaa Maryland fi Pennsylvania kitaabni xixiqqoo isaanii qajeelfama Washington itti akka fakkeenyaatti tajaajilaniif.





*DCYF loogii hin godhu, sagantaalee fi tajaajila isaa namoota hundaaf sanyii, halluu, saala, amantii, ilaalcha, haala gaa'elaa, madda sabaa, fedhii saalaa, umurii, haala durii, yookiin argama qaamaa, miiraa yookiin hir'ina sammuu kamiyyuu osoo hin ilaalin walqixa akka argatan ni kenna.*

*Maxxansa kanaa bifa ykn afaan biraatiin kooppii bilisaa yoo barbaaddan, maaloo DCYF Constituent Relations (Hariiroo Bulchiinsa Mootummaa DCYF) 1-800-723-4831 qunnamaa ykn imeelii* ***communications@dcyf.wa.gov****.*

DCYF PUBLICATION FS_0002 | DEL 11-005 OM (07-2023) Oromo